Vaayrasii Koroonaa 2019 (COVID-19)

Dhukkubni Vaayrasii Koroonaa 2019 (COVID-19) dhibee hafuura baafannaa namoota keessaa vaayrasii haaraan dhufeedha. Nama irraa gara nama daddarbuu ni danda'a.

Kuni vaayrasii haaraa waan ta'eef, ammas wantoonni nuti hin beekne ni jiru, garuu nuti tokkoon tokkoon guyyaatti waa'ee COVID-19 dabalataan barachaa jirra.

Hawaasni Fayyaa Ummata Minnesotaa tamsa'ina COVID-19 naannoo keenya keessatti hir'isuuf hojjechaa jira, akkasumas nuti namni kamuu akka kanarratti gargaaru itti amanna.

Tilmaama waa'ee abalutu dhukkubuu danda'a jette yaaddu dhoorki. Vaayrasoonni adda baasanii hin miidhan.

Mallattoowwan dhukkubaa

Uummanni faalama COVID-19 qaban dhibee hargansuu salphaa irraa hanga hamaa qaaatu. Mallattoowwan dhukkubaa kanneen waliin:

- Ho'insa qaamaa/laygdaa
- qufaa
- Hafuura kutuu

Uummanni COVID-19'tin xinnumaan dhukkubsatan yeeroo dhibee mana isaanii turuu ni danda'u. Kunuunsa wal'aansaa argachuuf yoo ta'e malee, sochiiwwan mana keetiin ala jiru daangeessu qabda. Dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keetitti bilibili yoo kunuunsa wal'aansaa argachuu barbaadde.

Ofiikee fi hawaasa kee eegi.

Ofiikee COVID-19 irraa eeguuf karaawwan hunda irra caalaan qufaa fi flu irraa of eeguuf wantoota gootu wal-fakkaataa godhudha.

- Harka kee saamunaa fi bishaaniin dhiqadhu.
- Yeeroo dhukkubsatte mana turi.
- Qufaa kee haguugi.
- Wantoota fi Fuulawwan yeeroo baay'ee tuqaman qulqulleessi akkasumas dhiqi.

Waa'ee COVID-19 odeeffannoo eessaa akka argattu of eeggadhu. COVID-19 ittisuuf abdiiwwan " Fayyisuu" ykn karaan wabii qabu sirrii miti. Hanga ammaatti, COVID-19'tif talaallin hin jiru. COVID-19 akkamitti akka ittifamuu odeeffannoo gargaaruuf, Maaloo toora inteerneetii MDH fi CDC ilaaluu itti fufi.

Caalaatti baradhu.

COVID-19 irratti odeeffannoo hundarra ammaa ta'e toora inteerneetii kanneen irraa argadhu:

- Kutaa Fayyaa Minnesotaa 2019 vaayrasii Novel Corona Virus (COVID-19) (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/index.html).
- Giddu-galaa To'annaa fi Ittisa Dhibee 2019 Novel Corona Virus (www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/index.html).